

EE GARAM?



EE GARAM?

Kuusaa walaloo

Ifargan Guddataa Itichaa

Onkoloolessa, 2020

Facebook:- [Ifargan Gudeta](#)



Ifargan Guddataa - dhalatee kan guddate godina shawaa lixaa aanaa Tokkee Kuttaayeetti yoo ta'u, yeroo ammaa kana yuunibarsiitii Haramayaatti barataa saayinsii kompiitaraa wagga xumuraati. Ifargan kitaaba xiinsammuu "**Qimmiiddaa**" jedhu barreessee kan maxxansiisee jiru yemmuu ta'u, gaafa guyyaa 22/02/2013 magaalaa **Gudaritti** eebbisiifamee akka raabsamu isin beeksisa. Ifargan isin jaalata!



Seensa

Baay'een keessan walaloowwan koo kiraaba kana keessatti barreeffame, fuula facebook irraa dubbiftaniittu. Haa ta'u malee guutummaa isaa isin dhiisii anuu hin yaadadhu. Kanaaf walaloowwan sana walitti qindeessee bifa kitaabaatiin #PDF godhee isiniif gumaachuu jaaladhe.

PDF isaa akkuma argattaniin miidiyaaleewwan Hawaasummaa irratti raabsuun namoota hunda bira akka qaqqabsiifan kabajaanin isin gaafadha. Haa ta'u malee, walaloowwan kitaaba kana keessatti barreeffaman osuu hin wabeeffatiin fuula kitaaba kamiyyuus ta'ee, miidiyaaleewwan hawaasummaa irratti, bifa barruunis ta'ee bifa sagaleen maxxansuun safuun nama gaafachiisa!

© Ifargan Guddataa Itichaa, 2020

Yaadaa fi qeeqa yoo qabaattan - 0919778608 Ykn [Telegram](#)



1. SIIFAN GADDA

Yaa lafaftuu yaa inaaftuu!

Yaa cabsituu yaa hiraartuu!

Yaa tolfattuu yaa hamattuu!

Yaa dadhabduu yaa yarattuu!

Madaa qubaa natti hin ta'iin

Nan guddadhaa obboleesso

Na tuttuqxee nan dallansiin

Obsa hin qabuu mar'umaan ko!

Waan hin qabne narra hin kaa'iin

Na hammeessuuf qabdee yaa'ii

Si dhagahuuf yeroo hin qabuu

Dhamaatuu koo narraa taa'ii!



Sagal duttus sareen gandaa
Dhaabbatanii hundaan loluu
Inaafuuudhaan morkatanii
Way aaranii way of qoruu?

Gaaddidduu koo irraa siqi
Nan barbaadiin dubbii dabaa
Sadarkaan koo sin madaalu
Obboleessoo hojiin qabaa!!

Maaf gubatta maalif baqxa
Guyyuu dhabdee hirriba kee
Yoon guddadhe maal siif qaba
Maaf na sonta dirra-lafee?



Osuu kan koo bukeessituu

Gubateka maxinoon kee

Osuu anaan hadheessituu

Si darbekaa qaxaleen kee!!

Yeroo hin qabu sin dhagahu

Lafaa kaatee dhimma hin dhabiin

Milkooma kootti inaafttee

Quba nyaattee dhuka hin cabiin!

Osuu hidhaa kan koo yaadduu

Si dabarte hireen kan ke

Kan si hidhee si gorfatu

Obboleessoo fira dhabde!!



Dhaalli kiyya sitti hin darbu
Kan kee keeti kiyya kan koo
Bakkee raftee mee dammaqi
Duubatti haftee obboleessoo!

Sadaasa 16,2011

Ifargan Guddataatiin



2. FARROO BARAA

Yoo muran hafa odaa - Xiqqaatu jufaarasaa

Jirmaa ka'ee goggogee - Leeleffata eelasaa

Dhibeen baalaa kan jirmaa

Kan haafaas dhibee hiddaa

Dhoksaa iccitii Oroo

tuqa sanyiisaa jibba!



Basoo manaa dulloome - tuggee jala jabeessu

Bara baraan farriftuu - Jabaa ta'anii dheessu!

Bara nama dhiisanii - waldhaansoo baraan qaban

Daangaaf daangaan dhiibamaa

boqonnaaf yeroo dhaban....

Abjuun gudeelcha dhiibaa - Yoo eelan eelaa baraa

baafatanii himachuu - Dadhaban guba garaa!



Yoo angafa ta'anii - Quxisuudhaan dhaanaman

Qe'ee ofii buqqa'aa - Deeroof eegoon saamaman

Hin ilaalan taa'anii - Fe'atu malee farda

Imimmaan hin safartu

Sossobuu hin ta'u ganda!

Sadaasa 27,2010

Ifargan Guddataati!



3. EESSA JIRTAA?

Ani si beekuu baadhus - Na wallaaltus atillee
Hallayyaa fakkeessinee - Ilaaluu hin qabnu dirree!

Ati gar ta'e jirta - Hin beeku dhiyoo fagoo
Asan jira naan jedhii - Dubbadhume jala koo!

Bareedduus ta'i fokkuu - Qancartuus ta'i ijoollee
Maaf kophummaan na miita - Kan booda dhufti hin oolle!

Na miliquuf hin yaaliin - Haala dawoo godhattee
Uumaan qaata murteesse - Akka ati naaf dhalatte!
Giiftii koo tokkittii koo - Hirkoo koo bayeettii koo
Hin turiin hin barfatiin - Hin rhiphiin hin baqatiin
Hin guungumiin hin shakkiin - Calliftee narra hin darbiin!



Yoon si beekuu baadhellee - Murteessee kana dura
Ela kunoo fuulli kee - Dhufee na dura jira!

Maalan dhoksas yaa tiruu - Sittimuu waanan ta'e
Kanin abjuudhan arge - Sun yoo dhugum si ta'e:

Dhugum si jaaladheetan
Guyyaas abjoochuuf mala
Araada na qabsiifteen
Taa'ee yaadaan maalala!

Osuun hin yaadiin dhuftee - Kan halkan na naasifte
Maalta'a abjuu kana - Osuu dhugaa taasiftee?

Ergasii nama hundaan - Suma se'ee bir'adha
Si barbaaduuf jedheetan - Halkan guyyaa dhiphadha!



Eessat na hafe tiruu - Laftin sin soqne dhugaa

Tarii sin argaan jedheetan - Facebookiirratti muga!

Qalbiin kiyyas goodaanee - Yaada keen gitintiraa

Akkum kana dubbifteen - Naan jedhi "asan jira!"

Sadaasa 17,2011

Ifargan Guddataatiin



4. NAAN JETTE HARMEEN

Siimessa koo didataa koo

Abbaa xiiqii abbaa firaa

Kutataa koo gameessa koo

Yaa jajjabee yaa dur-jiraa!

Onnattuu koo bayeettii koo

Ciniinnattuu garaa bal'aa

Inaafuu koo dallantuu koo

Raajimeessa ooda-argaa!

Fakkartuu koo burraaqxuu koo

ilma haluu ilma sabaa

Rifataa koo hubataa koo

Subii furii hirma cabaa!



Ofiin bulaa - of dhagahaa

Garraamii koo - waa danda'aa

Korbeettii koo - qancaraa koo

Safuun bulaa - qaqqaana'aa!

Mootii ofii ilma boruu

Miixataa koo abbaa abjuu

An siif jiraa naaf jabaadhu

Nattimadhu yaada qabdu!

Fulbaana 2010

Ifargan Guddataatiin



5. YAA ANAA

Kaayyoodhaaf xiiqeffadhee - nyaadhee galaa maxinoo
kallatti koo mil'achaa - osuu hin laaliin kan biroo!
gufadhee gitintiree - yoon hadheeffames obsee
yaada koon bibittimee - dafqa ijoollummaa cobsee!

Ciqilee Abbaa ormaas - Obsee danda'ee baadhee
gameessi abdii hin kutuuf - waanan argadhes nyaadhee!
Imala bu'aa bahiin - faanni koo baasee dhubbaa
hamileen koo caccabee na hammeessaa na muddaa!

Na daddarbullee haalli - humna koo gamteeffadhee
miidhama laphee kootiis koobaadhaan wayyeeffadhee!



Takka aaree of aarsaa - takkammoo of jabeessaa
Ofuma koon of lolee - Ofumaa of araarsaa!
Guyyaa har'aa arguun koo - ta'uu baatus naaf salphaa
Kaleessa koo yaadadheen - har'a kiiyyatti gadda!

Kaleessi koo hin turre - akka har'a koo hamaa
dur anii koo fi ani - Waliif qabna jaalala!
Yaadaan gargar caccabnee - hin turre wal dararaa
harka walqabnee lufne - Walbaachaa wal mararaa!

Yaada kiyya ijaaree halkaniin diigaa hin turre!
mukaa nama baqachaa - qor-qalbii of hin hubne!
Gaaffii ofirra tuulee - hin turre of dhiphisaa
Waan qabutti boonaan - gammachuudhaan weeddisa!



Har'a garuu....

Of ceepha'ee of darareen - Waraansaan of huba

Qalbii cabee booji'ameen - Garaacha of guba!

Baqadhee dawoo seeneen - kophaa kiyya guunguma

Mataa buusee miseetan - abootteedhaan of tuma!

Haalotaan of madaaleen - Kiiloo kootti falfala

Al sagal ulaa baneen - deddeebisee danqara!

Adeemuuf tarkaanfadheen - Jilba kiyya mudhuksa

Of hifadhe of loleen - of dhaane of Kurkursu!

Ofii kootti dallaneen - of oodee of koo jibba

kallattii kiyya shakkeen - Dhaaphee Luka koo irba!

Argachuunis naaf homaa - hin gaddu hin gammadu
xaafii bokkaan dhaaname - hin dhawu hin cagadu!

Waan hundaan abjuu ta'een - Mataa buusee tiradha
bitaaf mirga koo shakkeen - sodaadhee bibir'adha!

Har'i kiyya na soqee - ana fakkeessee citaa
diina kiyya na godhee ofumatti na bita!
Birmataa na dhabsiisee - Kophaa koon jilbaan siqa
Tarii boru maal beeku - Waaqayyo guyyaa fida!

Ifargan Guddataatiin

Nov 1, 2018



6. BARCUMA SOBAA

Imimmaan ija gamnaa

Daftee mul'attiif malee

Na mootuus yaa giiftii koo

Dhugaan kanumkoo turee!

Saawwan kiyya hoossitee - Osoo hin argannee wabii

Osoo dhugaa bitattee - Gurraacha hin godhiin adii

Injifataan anuma - Hiyyeessa dabni eelche

Afuura jabbiin kufti - Barcumni sobaan teesse!

Ifargan Guddataatiin

Fulbaana 30, 2010



7. JAALALA DHUGAA

Jaalalli mo'ataadha - Waa hundaanuu yeroo kamuu

Jaalalaan walsakaala -Waa hundumaarra namuu!

Diimaan osuu hin jibbiin - Isa gurraacha nuugii

Beekumsaan wal qorarii - Waliratti hin qabatan muudii!

"Ati fukkisaadha maalii - Nan dhungatiin maddii koo

Ija keessas nan ilaaliin - Narraa siqi hi'ii koo"

Nama hin jechisiisu jaalalli - tasa wal hin balfu

Garii walii malee - mudaa walii hin argu!

Ifargan Guddataatiin



8. BLOCK

'Facebook'n na eegaltee
isheen jaalala na dhaansifte
dubbi garaa kutannaa
'Block' na taasifte!

Ifargan Guddataatiin



9. NAAN JETTE INTALLI!

Waggaa shan si jaaladhee
osuu sii hin himiin dhoksee
mar'imaan koo hidhadhee
ciniinnadheetum obsee!

Akka jaalalaaf garuu
Obsee hin danda'un ture
akka aadaa keenyaatti
durbi hin gaafattuuf malee!

Ifargan Guddataatiin



10. DIDI MALEE

Fuula kee hin kenniin gurbaa - Hundaaf hin hiriin garaa
Madaalii dursa beeki - Hiriya gaariif yaraa!

Ilkaan kee agarsiiftee - Har'a kolfiteef taanaan
Yommuu miilla si dhiitu - "No matter" jetta taanaan

Hamma kee si safaree - Si baasa kiiloo gubbaa
Haadhoo keefillee ta'u - Fuula kee hin kenniin gurbaa!!

Har'a 'Saree' siin jedhee - Yoo dhiifte kolfiteefii
Boru 'gadhee' siin jedhaa - Kuni hin hafuu eegi.



Maal godhuree:-

Situ qaawwaa kee banee - Titiisa of seensise

Hammaa fi madaala kee - Hundumaa of beeksise!!

Cufaa eenyummaa keetii - Situ furtuu agarsiise

Hiika miira nyaara kee - Situ hundaa barsiise!

Egaa...

Erga kun hunduu ta'ee - Tarii eenyu komattaa?

Moo... aartee gaabbiin gubatee - firaa orma baqattaa?



Sila kanaa:-

Akkuma bishaan taliilli - Jarmii dhokatoon makaa
Barbaadamee dhabameera - namni yaadu nagaa!

Furtuu keessa kee gurbaa - Hin amaniin eenyuttuu
Ulaan sitti cufamee - Yoomillee ala hin bultuu!

Ifargan Guddataatiin

Waxabajjii 5,2010



11. GOWWUMA KEE

Sobaan dachee raaftee
Bakakkaa gad buuftee
Laagaadhaa baqaqxee
Akka cittaa yuuftee!

Muka hundaa kortee
Laga mara ceetee
Hundaaf ilkaan yaasuun
Jaalatamuu seetee?

◇◇◇◇◇◇◇◇◇◇

Caamsaa 28 ,2010

Ifargan Guddataatiin

◇◇◇◇◇◇◇◇◇◇



12. EE GARAM?

Osuu adii arginuu - maaf nuun jettu gurraacha
Qurxummiidha seetanii - nu adamsiiftu naacha?

Mar'ataa lagaa harqu - buchillaa duttu seetuu
Sa'a eegeesaa nyaatu - humnaan ittisuu Feetuu?

Garaa keessi ciniinu - duuba maaf dhidhiibnaree
Sossobaan fira godhaa - ilma abbaasaa gane?

Nama sammuun hiyyoome - arraba itti buusa
Bara fafuuf falataa - waraabessat guyyaan yuusa!

Akka durii seetanii - hundumat jijjiirame
Ijjis boo'uu dideera - yoo funyaan rukutame!

Sareenis abbaa qe'eef - dhiifteetti waardiiyummaa
Isheenis eegalteetti - hojii malaammaltummaa!

Korma bookkisee gamee - randa diigu booratee
Akka godhu wallaalee - bilisummaa dheebotee...
Galtuuf yartuun as baatee - xiinxala barreessiti
Kan maqaa masoo hin qabne - kan namaas balleessiti!

Ebla 18, 2010

Ifargan Guddataatiin



13. YAA MICHUUKOO

Ati naaf dhibba jechuuf

Herreegni naan eeyyamu

Tokkittii koon siin jedha

Dhibbi siin hin dorgomu!

Kuula koo iftuu namaa

Haadha simboof jaalalaa

Ija koo duraa hin badu

Suurri kee yeroo mara!

Obomboleettiin yoo ka'ee

Bubbises bubbeen birraa

Haa inaafan maleessa

Nuti walumaan jirra!



Yoo roobes yandoon dabaa

Biqiltuun keenya hin gogu

Michuu koo na amani

Garaan jaalate hin sobu.

Sin araada yaa michuu

Sin yaada hogguu mara

Namummaa keen jaaladha

Hunda keet na marara!

Ifargan Guddataatiin

Ebla 24/2010



14. YAA GIIFTIIKOO

Yoo hurriin samii marse
roobatu roobuu mala
gochaan kee kaleessaa sun
har'a turee naaf gala!

Na fakkaattee na sobdee
keessa koo haalaan fixxee
na gootee narraa deemte
hantuuta bishan lixxe!

SILAA.....

Ibidda qabsiifachuun
dhagaa dhagaan reebanii
hiriya kooti jechuun
nama garaa beekani!



MALEE.....

Michummaan fatteef hantuutaa
dhumni allaattiif galaasa
Jawween at ganna soorte
bona manaa si baasa!

EGAA....

Sa'a gaadiitti bare
Adufkaan hin naasisu
kan garaan fira hin goone
Adaraa hin barbaachisu!

Ifargan Guddataatiin



15. QAL'AA KEE

Qal'adheedhaaf na gatte
jaalleen koo bar-dheengaddaa
anim akkum namaatti
yoom furdadheen naaf darbaa?

Garuummoo...

Akkamiinan furdadhaa
osoon naafa okkoluu
bibir'ataan nyaadha
an kanafuu hin coroomu!



16. YAA ILMAKOO

Qaraatus homaa hin fidne
sanuma saneen sanichaa
mataa kee lafaan geessee
Oduu qabattee fiigda!

Abbaatti baha jedhee - ollaan yommuu si jaju
daandii kiyya baqattee - taateettaam ilma badu!
Utubaa kiyya qabdaa - baradhu ilma kiyya
anaafis ofiis taatee - bulchuudha qabda biyya
naa jabaadhu korma Koo - jedhee si gorsuun kiyya
abjuu sitti fakkeessee - si joorsee ilma kiyya?



Duudhaa kiyya gurgurtee
gatii sooraa godhatte
Saayinsiinis sin beeku
ati waa meeqa badde!

Si dhalchuu kooyyuu shakke - natti hin baane gonkumaa
sammuun namaa urgaa'uuf - hin fedhu qoraasuma!
Kee kun garuu doomaadha - hawaasat si taajabe
natti hin baane ilma Koo - tasan dafqa Koo dhabe!

Ifargan Guddataatiin, 2017



17. YEROOF MALEE

Manni ajjeerraa bade
guutuu keessaan dhimmisa
na argi na argiin kee
na dhoksiidha dhumnisaa!

Biiftuun iftee mul'atteef
Lixa hin ooltu galgala
Adalli tuufoo galti
Leencat beeka daggala!!

Ifargan Guddataatiin, 2017



18. AYYAANA WAGGAA

hundumat bareeda - hundumarraa fiiga

Garanaas garasiis - hidhiin ta'ee dhiiga!

Kan rifeensi eegees - Dabbasaan qiciicaa

dhaqxee tokkofattee - Luuccaa ta'ee ciisa!

Isheen dur Horortuus - isheen jechuu waakkii

har'a qiraaqimboon - daandii gubbaa caaqxi!

Isheen dur qaanoftuus - kan lafa ilaalaa deemtuu

har'a Shambaa jetti - namaaf sa'aa hin beektu!

Si ceepha'uuf miti - dhugaa qabda tiruu

Ayyaanaan gammaduun - Waanum duruu jiru!



Kunoo akkasitti - Daran bareeddanii
guyyaa ayyaana waggaa - Baga naaf geessani!

Dhugaa nyaadhaa gammadaa
Quufaa sirbaa ragadaa!
Walfudhadhaa deemaa shirshiraa
fakkaraas feetan qirqiraa!

Hin ciniiniinaa malee dhungadhaa
daba hin yaadiinaa malee bulfadhaa
Ofirraa bu'aa bitintinii daakaa
guyyaa kana gaarii gaarii yaadaa!

Ifargan Guddataatiin - 2019 - Xmass



19. WALALOO SIRBAA

Gaggeessaan qilee buunaan

Wasaasinna baatanii

Rabbillee cubbuu hin godhu

Gaaf gaaf yoo wal yaadanii!

Qinaaxxiin gabaa bahee

Fardaan jamaa gaalabee

Dagate seeta malee

An uman si yaadamee!!

Qilxuu hiddatti murraan

Ol marga moo gad margaa

Guyyaa yaadaan jaawwareen

Halkan abjuun si arga!



Naatoon kumalaa kolfa
Addeessi guyyaa hin bahu
Intaloo siif haa kennu
Garaa jaalalaaf nahu!

Mishigiin abbaa waaree
Guyyaaf halkanii hin qabuu
Naaf jiraadhu giiftii koo
An si yaaduu hin dadhabuu!!

Shawaan xaafii cagadnaan
Harargeen jimaa muree
Jaalala dhibee se'ee
Abbeen Dinyii nattulee!!



Kaarruun kee lakkuu kunii

Gaadidhas malaalchadhas

Yaadni kee golfaan kunii

Jaalalas maraachadhas!

Gootaraan abbaa dilboo

Qiiinqiniidhaan urattee

Itti yaadaa jirtamoo


Diddeet garaa murattee?

Ganamoon kiyyoo hidheet

Saree koo galaafatee

Intaloo maaf calliftee

Lubbuunoo naan taphatee?



Bareedduun haaloo hin beektuu

Hundumaaf fuula iftii

Anoo sirratti bare

Lubittii gaanfurrittii!!

Abbaan koo gabaa baanaan

Dur bolaalee naaf bitaa

Anoo si dhiisuu hin ta'u

Si fudheen Amboo lixa!

Jibichi keenya durii

Iyya indaanqoon bookkisaa

Abbaan kee maancaa baatee

Sila maaf na doorsisaa?



Ya qeenxanyaa adalaa
Akkatti isheen koortu
Mudhii qapheen si eegaa
Lagarra labii koottu!

Gatiin warqii olba'ee
Marroo meetiin siif Mara
Dhokfachuuf bu'ee bahu
Namnoo narrattoo baraa!

Kelkereen bowwaa buutee
Laga keessa kaatanii
Maqaa isaatiif tola
Otoo siif maraatanii!



Dimbiccoon dur jaala kooti

Amma quba natti raafti

Qoosaan jaalala kee kun

Booda biyyaa na baafti!

Kan ceetee dhufuun hin oolle

Maaf hin soqne bidiruu

Yogguu abbeen mana hin oollee

Maaf nan waamne ya tiruu?

Dur gurreen adii hin dhaluu

Kan jabanaa raajinna

Koottumee salaale baanee

Warqii gurraa siif binnaa!



Warri Moodii hin sirbani

Warii lallabaa buluu

Boru badii koottumee

Xiqqooshee nattaa furuu!!

— Kalaqa fakkii sirba durii —

© Ifargan : Jan 13,2019



20. OSUU AKKA GARAA KOOTII

Abbaan koo biliyoonara
dureessa dachee kanaa
qabeenyasaa hundammoo
ana ilmafaat hooggana!!

Haati koo manaajera
hojjettuu mana baankii
silaa an mataa kootiin
meeqan qabaayyuu taankii?

----- **Silaaka** -----

Konkolaataa hin barbaadu - Dacheen kunuu nan gitu
abbaan koo fakkaataasaa - xiyyaara naaf haa bitu!!



Intalli obboo baacaa - isheen koomeedhaan siqxu
Akka bara dheengaddaa - Jaalala koo nan diddu!!

Garuu...

Abbaan koo kana hin fedhu - Dhihee barii natti aada
Intala Biliyoonaraa - Na fuusisuu barbaada!!

Animmoo lola kaaseen
Fakkeessee abbaa jeeqaa
Garuu nan soba malee
Garaan koo wayi beeka!

Abbaan koo biliyoonara - Abbaan kanshiis akkana
Silaammookaa paarlaamaa - Anaaf ishiit hooggana!

Ifargan Gudeta tiin - April 12, 2019



21. YAA BARA NANAA

Na waamtee na beellamtee
na dhaabdee naan jeekkarte,
na sossobdee na geessitee
na baqatte na dheessitee!!

rakkiftuu balbal-duraa - natti taateetta gufuu
waa'een koo sin rakkisu - yoon eelee dhiiga tufu!
mogolee koo na buuftee - maalif humna koo fixxaa
namootaaf halkan iftee - natti maaf guyyaan lixxaa?

daandii koo mara cufuuf
qoree guurtaan si arge
natu cubbuu godhemoo
maatiirraa natti darbee?



mata jabummaan kiyyas - natti si cimse sanuu
gaheen kee olaanaadha -akkan ofii koo ganu!

Tarii yaa bara nanaa
darbi kee hafuu hin taatu
gaafasuman dubbadha
gubaa garaan koo baatu!!

Bitootessa 22, 2011

IFARGAN GUDDATAATIIN



22. HIN AMANU

Hundaan dhiise amanuu
Waanta dachee waan badii
namni hagam jajamus
Kiiloonsaa dhibbaa gadii!

Ija koos irraa kaasee
Kan na raasu kan na sobu
Addunyaa maraammartoo
Garaa amanu hin qabu!

— Ifargan Guddataatiin —



23. MANAABA

Anumaa gad ciisu - gara waarii walakkaa
sumaa siree koo gubbaa - na cinaa taa'un arga!
Akka gaggabuu ta'ee - si arguuf yoon wareeru
tiraasii kooti edaa - kanin hammadhee jiru!

Aariin deebi'ee rafee
anaa jedhu shillimii
sagaleen wayii seene
gurra kootti gixximii!

Sagalee keet na waamnaa - anaa rafu dhufee
sin owwaadha yoon jedhun - siree gubbaa kufe!



homaawaaallee hin hafne

dugdiyyuu na cite

siin bilbila yoon jedhus

Silkiin kee na dide!

Dhidhiibbaa dugdichaas - silaa sumat beekaa

dafii na qaqqabi - lubbiyyee sin eegaa!!

— Ifargan Guddataatiin —



24. SINGLE

Nan Yaada nan abbala

Nan bana nan danqara

Nan karoorsa nan fiiga

Nan ijaara nan diiga!

Jaal'ee ka'een of shakka - Waan salphaa godhee tabba

Itti himee ka'een gulaala - Ija duubaatiinan ilaalaa!

Yoo daftee tole naaf jechuu didde:-

Nan maraadha nan wixxisa

Hiriyoota koon dhiphisa

Karaashee hunda cufeen eega

Gaggabeen qalbii deega!



Bishaan midhaan nan dhiisa

Halkan guyyaa nan ciisa

Barumsi natti hadhaa'a

Boquu awwaaleen taa'a!

Miilatti kufeen kadha - lja hateen mil'adha

Gorora koon coccobsa _Suurashii laaleen obsa!

Yoo isheen daftee tole naaf jettemmoo:

Maalif akkas jarjartee

Jaalala koo simattee

Tarii faayidaa addaa

Anarratti mil'attee?



sadarkaa kiyya maleen - Gad-deebi'eelaa yoona
jedhee laphee dhiibeetan - Qeensaan dhaabadhee boona

Yemmuu isheen na laaltu
ljan irraa qabadha
Lafa ishiin jirtuyyuu
Farda koreen baqadha!

**Turtii yeroo booda yemmuu isheen na eegdee
dadhabdee natti boonuu eegaltummoo:**

lja hateetan laala
Itti siquu sodaadhee
Hamman isheetti qoose
Of dhaanee of tuffadhee!



Yoo isheen na ilaaltu
sodaan dhagaan na tuma
Eessaan deebi'u jedheen
Kophaa kiyya guungumaa!

Garaa koo kutadheetan
Itti dhiise isa dhumaa
kunoo kanat na dhaanet
Ammas SINGLE-dhuma!

— Ifargan Guddataa —



25. _____

Ergan ani, "Ani SINGLE_DHA" jedhee Fuulbarruu

kiyyarratti maxxansee booda:-

CHAT gubbaadhaan dhuftee

Qambaa gootee na gubde

Hi SINGLE jette seentee

haasadhaan narra deemte!

ANA

mee yaa bareedduu:-

natti dammaramiitii

Na furi fala kanaa

Gatii dadhabbii keetii

Anuu siifan kaffalaa!



ISHEE

Bada asii dhama'aa
durba akkasiin gaafatuu?
si'iif yoomuu siif darbee
SINGLE keessaa hin baatu!

ANA

An jireenyatti hin jiruu
Maaloo naaf himi fala
Kophaa kiyya taa'eetan
Hogguu suura kee ilaalaa!

Akkan banee siif ibsu
Waanta garaaf hawwii koo
Lafaa samiin si kadhe
Naaf ta'i jaalallee koo!



ISHEE

An heerumeeraa mucaa
nan qaba abbaa manaa
mee dhiisi walaloo kee
hin fixiin mee of jalaa!

ANA

Abba manaa kee hiikii
Koottu ni dammaramnaa
DVn waanta naaf bahuuf
Ameerikaatti gallaa!

Ati garuu akkamiin
Ilma biliyoonaraa diddaa
Adaraa rabbiin kadhu
Cubbuu ofitti fiddaa!



ISHEE

Abbaa manaa hiikkachuun - ega qajeeltu taatee

Si'iin si diduun kiyya - anatti cubbuu taatee

kun bara faallaaf dabaa - bara miilli mataati

cinqii hin feenu bro - narraa deemi dafiitii!

ANA

Garaa hin jabaatiin malee

Atuu giiftii koo taataa

Kutaa ciisicha keetii

Liiftiidhaan buutee baataa

miini manaa keenyaa hundi - Wifin dalaga

Isayyuu hojjettuutu - Achum taa'ee ajaja!



Diddee garaa jabaattee
Hin dhabiin kana mara
Booda seenaan jaalalaa
Gaaf ture si mararaa!

ISHEE: - Kkkkkkkk
wayyookaa kolfa du'e
maaf na dararta dhiiroo
cinqiin kee natti caale
dhugaatti hojii biiroo!

ANA

Akkasiin kokkolfiitee - Tole naaf jechuu wayya
Amma passport keenya - Waliin hojjechiifanna!
Mana keenya keessatti - Aangoo guddaan siif laadha
Jaalalumayyuu dhiiseen - Harkarratti si baadha!



Faaya kiyya si godheen - kokkeetti si hidhadha

Akkas jedhimee lubbuu - Maddii keen si dhungadha

ISHEE

At jechoota akkasii - eessaa gad guurtaa garuu

silayyuu an si didee - nam- biraatti hin baru!

dhugumammoo hin se'iin - an qoosaan jira koodee

ciqicciqii hin fedhu - kanarrayyuu siin oode!!

ANA

Jaalala keetu na barreessisa - Mirqaanaa na qabsiisee

Keessumaa guyyaa har'aa - Qalbii koo na dhabsiise!!

Jaalalli kee na iddee- Lafa naan maraammarsee

Tole jedhikaa maaloo - Si eegaan jira nabsee!

EE GARAM?



ISHEE

cal!

cal!

callifte!

ANA

Of hin dhiibiinkaa intaloo - akka gaara cuqqaalaa
yoo fakkaruu fedhe - gurruu mataarra caala!

— BLOCK —

AN SHAMARRAN GAAFADHEE

BLOCK NYAACHUU MANNAA

AFAAN KIYYA QABADHEE

OBSEE TAA'UU NAAF WAYYA!



26. SIN BARBAADA

Suman yaada qalbii cabee
Si dagachuuf humnan dhabe
yemmuun deemu yoon gad-taa'u
Waa'ee kan kee lafa hin kaa'u!

Gaarummaa kee sanan yaada
Si argachuuf sin araada
Hammannaa kee sanan hawwa
Karaa sanaan natti qaawwa!

Jaalala keet na darara
Simboo kan keet na marara
Yaada kan keet na dawweessa
Qalbii kiyya na balleessa!



Baruulee koo:-

Yoon dubbisu akka fargaa - Suura kan kee qofan arga

Cichee didees qayyabadhu - Suma qofa kan yaadadhu!

Seenaa kalee sanan yaada - Waa'ee kan kee qofan gaada

Yaadannoo keet na hammeessa - Garaa kiyya na balleessa!

Badii kiyya sanan gaabba - Isa ta'e natti nyaapha

Mataa buuseen gaddee aara - Of hifadheen of abaara!!

Halkan rafeen si abjoota - Natti dhuftee bir na goota!

Sagalee kee yoon dhagahu - Gonka hin beeku akkan ta'u!

Gammachuun koo suma keessaa

Naaf deebisi ni dandeessaa

Koot na furi hidhameeraa

Si argachuuf dirqameeraa!



Hin jabaatiin hin danda'uu
An si malee nama hin ta'uu
Kiyoo kan keet na sakaalee
Malan malus nan wallaalee!

Mee naaf laadhu carraa dhumaa
Hin dandeenyee an gonkumaa
Badii kiyya naaf dagadhu
Haaraa godhii na simadhu!

Mana one san sirreessaa - Keessaa koottan si barreessaa
Nan haaromsa seenaa kalee - Jilbeenfadhee waadaa galee!

May 29, 2019 Wednesday

Ifargan Guddataatiin

27. KOMII MITI

Gaafa waanum xiqqoo kalaqxu
intalli Kommander Bulii - yookaan ilmi Doktor benyaa
Jaabadhu cimaa koo - si cinaa jirraa jedhuun warri keenya.

Gaafan an eelee dafqee qotee
guuree fidee beekumsa koo hiru
na jabeessuu dhiisii si dhagahe kan naan jedhu
namni tokkollee hin jiru!

Caamsaa 28/2011

Ifargan Guddataatiin



28. ANAAF.....

Dubbataa yookaan callisaa - Bareedaa yookaan fokkisaa!

Tasgabbaa'aa yookaan jarjaraa

Qaaneffataa yookaan fakkaraa

Miskiina yookaan dureessa - Xobbee yookaan buleessa

Shamarra yookaan dhiira - Dabeessa yookaan tiira

Garraamii yookaan hamaa - Anaaf hundumtuu nama!

Sin filu an sin qoodu - Kaan dubbisee sin oodu

Sin jaaldha sin kabaja - Xiyyeeffadhee sin badada



GARUU

Faallaa kanaan dhunfaan tiruu - Irra darbuun gonka hin jiru
Natti buunaan karaa dabdee - Waanan jedhe hunda dhabde

Sin badadu sin jaaladhu - Nagaa waaqaa sin qaafadhu
Ija kan koon sin lagadha - Qoshee godheen si darbadha
Gonka hin kaasu maqaa kankee - Sirraan gora yoon si arge
Sababnisaas miti daba - Of kabajuut kana qaba!

Waxabajjii 13 ,2011



29. SI SOBANI

Qimamii koo giiftii Burtee
maal yakkinaan kan na cuftee?
Waanofii koo hayyuu duree
badiin kiyya maalum turee?

Yaa damma koo yaa Qananii
maal jedhanii si sobanii?
Marartuu koo yaa kamisee
Waa'een koo maaf si dhiphisee?

Suman eegaa anoo qashaa
Naaf himimee maqumasaa
Kan siif himu na hamatee
Nan boqodha qaala gatee!



30. BAAY'EEN JIBBA

Gaaf walbaran waltuffachuu - Har'a arganii wal dhungachuu!

Aduu dhiite walbeellamuu - Osoo hin hubatiin dheekkamuu!

Shakkii jaalala keessaa - Hacuuccaa ilma hiyyeessaa!

Huccuun nama madaaluu - Hatanii nama ilaalu!

Daree keessatti muguu - Humna ofiin ol dhuguu!

Jette jettee haasawuu - Dargaggummaan raata'uu!

Dargaggeessa gagamaa - Nyaata marqaa fi dhamaa!

Ingiliffa Fayyisaa - Na doofaaf callisaa!



BAAY'EEN JAALADHA

Hirriba barii gubbaa - Gara laafettii durbaa!
Kopheef kaalsii qullaa'aa - Dhugaatii diilallaa'aa!
Dadhabanii boqachuu - Waanta haaraa barachuu!
Mushurraa morma lamaa - Jaalala ilma namaa!
Haasawni dubbii qolaa - Hundarra natti tola!

Hagayya 14, 2011



31. NAMA

Bineensi hamaan nama

Kan amallisaa lamaa

Isa ilkaansaa adii kan garaansaa cilee

Isa fira fakkaatee nama buusu hamilee!!

Dhidhima gadi fagoo isa garaansaa hamaa

Isa keessi bineensaa kan duubnisaa namaa!

Isa afaansaa daadhii kan garaansaa dheebichaa

Kulkulfachiisaa onnee qoraatti dhoqqee keessaa!!

Isa hiyyeessa ciqilee quufee quba mirmirsu

Ofittummaan guutamee Isa bishaan gingilchu!



Isa qaroo gadoochu Isa hayyuu sakaalu

Isa awwaala qotu isa summii waraanu!

Isa nyaaraan haasawee haadhoo walnyaachisu

Kan sobaan dhugaa bahee gadoo nama baachisu!

Isa sobee kikimsu kan sobee biriifatu

Isa imaanaa haalu kan galfata nyaatu!

Namni nama namuma, namummaan garuu adda

Tokko koodeesaa jibba tokko alagaaf gadda!

Abbaa gaariin:-

Ilmoo ormaa guddisuuf sagal kufee qaari'a

Abbaan hamaan tokkommoo kansaa manaa hari'aa!



Haati gaariin:-

Wayyaa jala dhoksitee ormayyuu dhoksaan soorti

Ilmoon Haadha hamtuummoo beeloftee teessee bossi!

Onkoloolessa 21,201

Haramayaa, Oromiyaa



32. ABDII HIN KUTIIN IFAAJI

Miidhamtees dararamtee - Dhiitamtees kabalamtee

Tuffatamtees dhiibamtee - Kan siif nahu yoo dhabde

- Gonka hin cabsiin boquukee
- Kun hunduu darbee lufaa
- waan ture fakkaatullee
- siifis guyyaan in dhufa!

Kadhaan kees yoo okkole - Qalbiin kees yoo wallole

Firris yoo si baqate - Qaamni kees yoo yarate

- Fakkaatus waan si golge
- Duumessi dhiphuuf gaddaa
- Abdii hin kutiin ifaaji
- Ammallee abdii qabdaa
- Namum waan guddaaf fiigut
- Qorumsa keessa darbaa!



33. WAAQAYYO SI WAL'AANA

Danqamtee karaa teessee - Osoo du'a kee eegduu

Karaa waaqayyo dhufee - ulaa siif banu hin beektu!

Harka namaa dharraatee - Bar baay'ee kan yeellofte

Waaqayyo kaasuu guutee - Siif kenna waan dheebotte!

Inaaffaadhaan guutamee - Ni beeka haaloo baasuu

Gargaarsa harka waaqayyoo - Madaalliin namaa hin kaasu!

Harkisaa hundaan guutuu - Barruun isaa galaana

Dhibee kee itti himadhu - Waaqayyo si wal'aana!!

-----||-----

Sadaasa 18, 2012 ALH



34 AMMAYYUU HIN AMANU!

Waan dadhabde fakkaatti hafuurri hin ciccita

Kophaashii adeemti daandii harka bitaa!

Duubarraan yoon laalu miilaa hanga mataa

Bareedinni intalaa qalbii nama hata!

Mudhiishee seenxii sanaan dabdee yoo daddabdu

Keessa koottan jedhe 'Yoona Abbaa hin dhabdu!'

Haa qabaattuu- haa dhabduu- amma kansaa dhiisee

Fuulashee ilaaluuf ofan amansiise!

Dafee miila fuudhee yemmuun gahu cinaa

Akki sodaa wayii na hurgufa jira.

Sagalee ciccitaa godaa ol harkisee

'Akkam yaa bareedduu!' Jedheetan dubbise!



'Nagaa kooti, akkam!' naan jette ol laaltee
na naasisuu mitii wayyaa narraa baaftel

Ijashee banattee yemmuu na mil'attu
Sodaan natti nam'e kan duraa caalattuu!
Ilkaan ciniinnadhee cichee of jabeessee
Sodaa Koo dhokfadhee goota of fakkeessee...
Jechoota gaggaarii funaanee barbaadee
Ittiin walbarachuu akkan qabun yaade!

Maqaa wal jijjiirree! seenaa wal qoranne!
Sodaanis godaanee amma wal baranne!
Maqaan Koo Ifargan maqaanshii Soorettii
Mucaan yoo haasoftu sirnaan kolfa beekti
Yoo isheen haasoftu kokkolfitee dabdee
Yeroo muraasatti jaalalli na qabde!



Fuulleettin ittimee akka na mararte
Qalbii kiyya fuutee akka onnee na galte!
Fuulashee ibsitee gabaabsitee seeqxee
Miiran keessa jiruun ittumaa na jeeqxe!

Hiixadheen qabadhe quba harkasheetii
Lallaaftuu mi'ooftuu ishee akka asheetii!
Mucaan yoo na laaltu waanta ta'e naatee
Anammoo qalbiin Koo qaata feenti nyaate!

Jaalala ni beekti mucattiin nan dhibnee
Akkum walqabanneen daandiirraa ol siqne...
Bakka tokko laallee teteenye walcinaa
Amma eegaluudhaaf seenaa gara biraa!



Isheenis mo'amte! anis qalbiin bahe!
Garaan Keenya lachuu hedduu walit nahe!

Numaa wal dhungachuuf hidhii waliin gahu
Danuu wal mararaa qalbii walii hira
Sagaleen dhagahe gaaga'ama biraa
Dammaqee yoon ka'u edaa rafaan jira

Sadaasa 22, 2012 ALH

Haramayaa, Oromiyaa



35. JAALLEE KOO ISHEE SHAGGAR

Teessee shaggar qarree - biyya tufaa munaa
laphee koo na corta - akka suusii bunaa!

Gara jabeettiidha - fageenyi hin dachaatu
garaan suma yaada - Aduu dhiitee baatu!

Onneen si dheebotti - akka daadhii mootii
baay'een si jaaladha - ati lubbuu kooti!



36. ABBAA HAMAA

Namni kaleensaa tokkoo -Fincaan qabatee hin bulu
Kabanis sossobanis - Umriin jallootaa hin turu!

kan xiinsammuu si sarbee - Isa lafee si cabse
Maqaasaan hin waamamiin - Abbaa si agabse!

Quufee dirrisaa coomee - Yoo fakkaates dureessa
Duumessi duuba hin qabne - Hin dabartu fixeensa!

Umriin abbaa hamaa - Fakkaatus badhaadhina
Gufuu kaa'e gufatee - Ofumasaa dhidhima!

Amajjii 5, 2011



37. SIN JAALADHA

Sin jaaldhaan soba hin qabu - keessa koot dhugaa baha
osuun waa'ee kee yaaduun - cinaacha lafaan gaha!

Gad ciisees dharraa hin bahu - dafeetan si abjoota
kanaa boqannaa hin qabuu - dubbattee bir na goota!

Gaafa na bira hin jirre - ati waa ko'oommattee
keessi koos hin boqottu - of biraa si dagattee!

Waatu sitti na ergee - jaalalaan na sakaalee
si jibbuuf garaa hirus - malan fidun wallaale!

Osuun waa tokko hin dursiin - barii yoon lafaa ka'u
si qaqqabadhu malee - ciree nyaachuu hin danda'u!



Kuusaa yaadannoo kootii - quunnamsiiftuu waa maraa
Istuudiyoo dhuunfaa koo - Ishee kiraanshii falaa!

Ofii koorra caalchisee - si jaalachuu koo tiruu
Iccitii guddaa tokko - dhugaa jiru siif himuu?
Boorsaa koo qullaa gatee - yoon dhabes qarshii bunaa
waa'een nyaata kee garuu - laphee gubbaa na bula!
Beelli kee na yuuyyessa - dheebuun kee na mukeessa
baasiin olaanaa keeti - madda galii koo keessaa!

Jaalallin an siif qabu - dhiiga koo keessa taree
onnee koo koloneessee - sammuu kootti na mare!

Waan nyaattee dhugdu hin dhabiin
Sitti hin qabiin waan dabaa
Sin jaaldha bilbila koo - Sumaafan qalbii dhaba!!



38. EESSA JIRTAA?

Eessa jirtaa yaa lubbuu
Ka'eetan badee dhufaa
Luka kee gufadheetan
Garaa keerratti kufaa!

Suura hin dhoobiin yaa tiruu
Ija na jalaa buutaa
Galgala badii koommee
Gorora keen xuuxaa!

□□□□□□□□□□□□□□□□

Ifargan Guddataa

Jan 17, 2020

□□□□□□□□□□□□□□□□



39. NAMNI JABAA HIN QABU

Utaaloot mataa qabee - guyyaa lama raffisa

gufuut mogolee dhahee - ejjetasaa jallisa!

Yoo nyaatee hin dhugne ta'e - afaan isaat goggoga

Inni sirbee ragadu - Jecha baasuu dadhaba!

Humni kan waaqayyooti

Jabaadha kophumasaa

An kanaaf shakkii hin qabu

isat eega namasaa!



40. UKKAAMSAA

Jabaan dhaanee si tumee - si adaba maa boochee
akka qacceen iyyitu - ofii qotiyoo dhooftee!

Sa'a jabbii dhiittatee - didate mucha kennuu
yaa dayee siif hin sarmuu - hin yaadiin aannan elmuu!

Gingilchaan waraabanii - hin komatan maa yaasee
abjuun gudeelcha guura - namni jiruun dhamaase!

Guyyaan wabii hin dabartu - borutti nama laatti
waraabo guyyaan yuufte - yoo dhiye nama nyaatti!



41. GALATOOMI YAA WAAQAYYOO

Gaara bahee goda bu'ee

Cichee elmuuf sa'a gu'e

Dhama raasee baasuuf dhadhaa

Huddeelladhee baadhee ba'aa!

Jaawwaraakoo dhuftee laaltee - Furtuu kaayyoo natti laatte!

Qor-qalbii koof dawaa taatee - Dadhabbii koo situ baate!

Siinan tare boolla danuu

Garaan kiyya kana hin ganu!

Siin dhaadadhu itti hin seessu- Siinan ta'e abbaa kaayyoo

Callisuudhaaf hamilee hin qabu -Galatoomi yaa waaqayyo!



42. OSUU HIN BARFATIIN

Dhukkubsachuu koo dhageessee - Yoo hafte nan gaafatiin

Gaafan an fayyaa qabu - Dhimmitee nan jaalatiin!

Gaafa ciniinsuu kootii- Yoo na faana hin dhiphatiin

Gaafan dahee oofkale - Mucaa kiyya hin dhungatiin!

Yoo callisuu koo laaltee - Yaada kiyya hin hubatiin

Gaafan iyyee banbane - Maal taatee nan gaafatiin!

Gaafan kaayyootti jiru - Yoo waallee nan gargaariin

Gaafan du'ee weeradhe - Siidaa naaf hin ijaariin!!





43. HAADHOO

Hamiin michuu boolla buusaa

Komiin lammii gargar baasaa

Ormaa hin himiin iccitiikee

Gaafa rakkoo si basaasaa!

Itti hin himiin waan hundumaa - Si baqataa gaafa gumaa

Hin amaniin ilma gandaa - Siin birmatuu gaafa gaddaa!

Jabeeffadhu qabdaa tiruu

Qixxeen haadhoo tasa hin jiruu!

Sitti hin dhiisuu gaafa maqaa

Haadhoo qofa koodeen haqaa!



44. TATTAAFFII

Biiftuun samiis waa raagdi

Barii baatee dhiha seentee

Tarkaanfiin tokko hinjiru

Waanti argattu teessee!

Fiiguu qabda barii kaatee - ati atileetii yoo taate

Halkan ciisaa yoo barattu - qabxii gaashaa hin argattu!

Qote bulaan dhoqqee kooru

Maatii isaa tasa hin sooru!



45. SINSINNII

Maarrabii kee yaa Nagaasee
Maaltu hiikee gad rarraasee
Sinsinnii kee waanofiikoo
Waanta yeroot na dhamaase!

Takka dhuftee takka dhiiftaa
Na baqattee lafa ciiftaa
Nan simattuu akka jaalaa
Sinsinniin kee jibba caala!



46. WAADAA

Guyyaas halkanis taatu

Na waamnaa dafeen dhufaa

Gadda si waliin gadden

Booka si waliin dhugaa!

Kan jaalattu jaaladhen - Nan jibba kan hifattu

Kan balfitummoo balfeen - Filadha kan filattu!

Sin fuudhaan galuu baadhus

Har'a raawwadhee waadaa

Jaalala keen mo'amuun

Ergan bubbulee qaata!



47. FIRA JENNEE

Mucayyoon an beellame

Saatii shan narraa turte

Isayyuu kan na aarse

Harmeeshii fiddee dhufte!

Harmeenshii garraamiidhaa - dhungattee na dubbifte

Mucayyooma isheellee - akkasheetti guddifte!

— kanaaf —

Fira jennee shawwadnee

Bitnee fi bunaaf ciree

Nutimmoo walqabannee

Olseenne mana siree!



48. A'AA!

An asmaarii miti - kiraara rukuttuudha
Kan nama xiqqeessu - firaaf bututtuudha!

Kan bututtuu hin dhibuu
Susuphannee uffanna
Kan firaas darbinee
Gaaf tokko dubbanna!

T/ @ifargantech



49.R AAJII GIIFTII DUREE

Jalqaba yeroon ishee baru

Yeroo isheen daa'imaa, yeroosheen xobbee!

Baachuu malee waa tokko hin beektu

Dabtaraaf kobbee!

Barattuu cimtuudha

Ganamaaf galgala mana dubbisaattin arga!

Anuu carraa biraa hin argadhu achumattan laalee darba!

Ollaayyuu buna waamuuf

Eenyu na arga jettee sagal bitaaf mirga laallatti

Sagalee ol hin kaaftu, huccuu kuttee hin uffattu

akka malee saalfatti!



Maqaashee namni hin dhahu hamaaf,
yoo jajan malee tolchanii

Dallarraan hin baasani, lagatti hin gaggeessani
dargaggoonni ollaa dhoksanii!

Ejjettu lafa hin quuqxu, dubbattee hin laalessitu,
garraamummaanshee addaa..

Osuu kiyya taatee, osuun fudhee lixee jedhee
dargaggeessi danuu quba nyaataan argaa!

Safuu... safuu... safuu bada anaa..!

Maal kameettiin akkasii, kan rabbi keessaaf ala tolche
jedheen kophaa dubbadhe

Kunimmaa na dabarraan...

surree koon mataan baase, shaamaa ayyoon uffadhe!



Nan murteesse, nan hawwe, eenyummaanshee na mo'e

Lama hin bulle, sadii hin oolle

Barbadni jaalalaa keessa kootti dho'e!

Ganamaa galgala ripheen eegaa,

ishee laaluufan digirii 360 lafatti marsaa...

Hin argiin yoon oole, lafaa samiin jibba, namaa sa'an balfa,

qalbii na dabarsaa!

Barii gaafa tokkoo...

sammuun kiyya mala addaan naan jedhe jabaa...

Tooftaan intala kana ittiin nyaadhu

jimaa kiyya qama'aa, xajjii kiyya unachaa itti yaaduun qabaa!



Nan argadhe mala jabaa,
sammuun kiyya mirqaane furmaata addaa naaf dhale...
Obboleessashee isa xinnaa waliinan hiriyummaa eegale!
Hee... qe'ee Ayyoof abboo nan jibbe manumsaaniittan galee!

Iccitiikoo dhokfadheen harmeesheen dawoo jedhe...

abbooshee gaasheen waamee...

Dubbiin takkaan bilchaate

mucayyoo wajjinillee hiriya garaa taanee!

Garaa keessa walqotnee, walitti erguu jalqabne ija hannaa....

Erga gaafasii mana barnootaas wal bukke buunee dhaqnaa!



Lilmoo galaana buute, gaangoo hidhaa kutatte,
mucayyoo qalbiin sokkee....

Erga anaan walbartee nama lammaffaa taate,
barnootas ishee dhorkee!

Kobbeef dabtara gattee bitatte bilbila tach skiriinii
isa hamma gundoo gahu...

Maatiif ollaa ildiimte, miniskartiin biddiiqxe,
eenyu haa saalfatu, eenyu haa nahu?

Baneen kenneef feesbuukii...,
Waraqaa eenyummaa isa jaarraa kanaa
Duruu durii... achiin balaa buusuu eegalle jinjanaa!



Citaa lafaa maaf kaafti, iddoo ciiftuu maaf kaati,
feesbuukii godhatte bakka bashannanaa....

Ollaan makas jedhe, walitti guungume,
"Maaltu tuqee mucaa gaarii sanaa"...?

"Barumsa jibbitee, harka maatii baatee...
Maalumat argate, mucayyoon maaltaate?"

Jedhan jaarsiif jaartiin
warri beekan amalashee isa bara qaataa....
Mucayyoo ammayyuuboggee bitattee
ittiin suura ka'uu dhabuutu garaa ishee nyaataa!

Istuudiyoo deemtee,
suura isa guntutaaf sarbaashee mul'ishu ka'attee....

Barii guyyaa gaafa tokkoo
profile picture feesbuukii isheerra godhattee!



Safuu.... safuu...safuu, way bada intalaa!
Namni feesbuukii qabu hundumtuu
inni biyya keessaaf, inni jiraatu bakkee
Suurasheerratti koommentii barreessuuf
dabaree wal dhoowwate, wal sardee...!

Inni suuraashee jala galee
koommentii isheef kennamu dubbisuu...
Hin shakku akka lafti ittiin maree kuffisu!

Kaan xalayaa barreessa, kaan argaaf iyyaafataa,
kaan anuu hin beeku afaan inni haasawuu...
Nan aare, nan gubadhe, nan wallaale maal akkan ta'u!



Harkum kiyyaan banee itti kenneen feesbuukii,
waan faranjiin qindeesse...

Mucaa manaayyuu baatee hin beekne
beekaa qalmaaf dhiyeessee!

Way... bada ana gowwaa, way... bada ana raatuu...

Intala kana osuu hin durfamiinan dursuun qaba
tasa na harkaa hin baatu!

Mirqaanee mala yaaduun qaba, biyyoonumti naa nyaatu!

Paaswoordiishee cabsinaan, isa ishee wajjin dhalatee...
Eessaa na harkaa hin dhaqxu, hunduu dheesse baqatee!
Gaafas dhuunfaakoo taati, qalbiinshees laga hin labuu...
Daqiiqaallee hin gubu, saatii balleessuu hin qabuu!



Jedhee ofitti aaraan amalumaan qabee
hoteela isa ollaa keenyaa seensisee...
Sanyii warri facaase, asheeta corqaa sana
sangoota koo dheechisee!

Qalloonkee booreen galte, faajjiishee dhiigaan tuqxee...
Akka malee dhaadatte, qomashee abootteen tumtee!

Intalli koo...

Akka duriis mitii, ayyaanni irraa bu'ee, ijjis qola seenee,
bishaan booruu makatee...
Guntutnishee sunis rifatee, mataa gadi qabatee!

Osuu akkasiin jirruu, osuma deddeebinu
hoteela gaafa booree, hoteela gaafa lafee...
Qabxiin maatikii mucayyoo jalaa hafee!



Abeet... Abeet... Abeet... boo'ichasee gaaf sanaa,
anuu amma har'aan nahaa..

Osuu galaana ta'ee...,
ganda keenya guutuu marsee waliin gahaa!

Kunookaa.... maalif dhiiftiree carqantee boohuu...
tasa kadhaan dadhabee
Booda keessa abbaanshee dhufee wayi gurra busuun,
lafa teessuu ol qabe!

"Dhiisikaa kanaaf boossaa,
maal abbaasaa haa badukaa mucayyoo...
Biyya arabaattin si ergaa anuu gurguree, qotiyyoo!
Dhaqxee achii dalagdee, ofiifis dabarsitee,
anaafis hirkoo taataa...
Xiyyaara gubbaa kortee, qilleensa gubbaa baata"



Yemmuu abbaan jedhuun mudhiisaa qabatee,
takka kolfaa, takka nyaara butaa...
Mucayyoon qaata kaatee, qabatte abbaashee lukaa!

Dhugaa qabdi!

Falaa ishee baase, qaanii ishee fale
Ishee dhaabii duute, gar lammeessoo dhale!

Akkuma inni jedhe,
akkuma abbaanshee mala dhahee jabeesse...
Ji'a lamaan booda
isheen xiyyaarasheetti ejjettee biyya arabaa geesse!



Achi geenyaan:-

Maqaa jijjiirrattee, afaanis wallaaltee

Anas na tuffatte, asii gad na laaltee!

Ganama barii yaabbattee,

guyyaa guutuu online gubbaarra ooltii....

Anammoo... nagaa nan gaafattu, post koo hin jaalattu,

sirumayyuu naan ooddi!

Akkanaan kan koof kanshee

jaalalli ijoollummaa summii jibbaan dhootee...

Har'a ganama yeroon hirribaa ka'u

feesbuukii isheerraa **block** na goote!

— Fulbaana 2013 —

Seenaa dhugaa irraa bilisa kan ta'edha!



50. BOOREE

Gadheen nama hin safartu
Alagaan namaa hin hiltuu
Garaan booree hin baafanne
Halkanuu raftee hin bultuu!

Dukkanaan karaa joorti
Dafqa booree dafqiti
Hammum seenaa yaadattu
Sagal boochee harqiti!

Mana gumaa ilaaltee
Wayyaa ofirraa cirtii
Garaan booreef boorattu
Gootota keessa jirti!



51. MO'AMEERA

Mo'ameera of laadhee jaalala keef bitamee
Qalbiin kiyyas si keessa yaadni kiyyas hidhamee!
Agartuun koos sumarraa onneen kiyyas si malee
Suura kee hin argiin oollaaf lafa laaluu didamee!

Siif laadheera bakkicha isa gatiinsaa mi'aa
Urjootaaf osuu hin taane isa eeggatu ji'a!

Yaala keen wal'aanamte onneen koo sakaalamte
Biqiltuun jaalala koo harka keetiin dhaabamte!



52. WAANOFII

Diilgaleessa sooruurra

Bashoo guddisuu wayya

Nyaatteet ala ilaalti

Ilmoon alagaa gamnaa!

Yoo sossobdes yoo saaddes

Waanti kan kee hin taanee

Yoo booches yoo maraattes

Gurrarrayyuu hin yaane!

Waanta kan kee taate

Mee barbaadi hin dhabduu

Jaalala hin dabarre

Onneerraa kan siif qabdu!



53. ISHEE KOOFAN SIRBE

Aduun arfaasaa laphiidha

Jigsaan bulloo gurgureeraa

Yaada keen ergan machaa'ee

Baatii danuuf bubbuleeraa!

Garbuun incinnii sandaabee

Gudar biiraan lulluuqqataa

Bir jedhee garaan na badee

Yaadnii kankee na dhuunfata!

Kaadhimaan Abdii galaasaa

Simboon qarree haaddatteettii

Badiitii koottu na laali

Jaalalliikee naaf gamteettii!



Konkolaataan warra baabboo
Caccabee kalee sirraayee
Akka garaa keenyaa taanee
Yoomum waliin shirshirraayee?

Qunduftii dhugee machaa'ee
Jigsaan gaanshiree haleelee
Maddii kee lamaan habbuuquu
Garaan kiyya na kajeelee!

Dukkanaan lafoo adeemnaan
Gufuun miilla nama dhooftii
Dhungannaan kuullee ofiiyee
Wayyookaa akkam mi'ooftii!

.



Siin ergaa kophee biteetan

Miillikee anaaf ayyaantuu

Yaadni kee na raatesseeraa

Atoo maalumaaf nan yaadduu?

Allaattiin baddaa habeebee

Marsite fiixee waddeessaa

Si argeen obbaafadhaafii

Qe'een warra keessan eessaa?

Wandaboon qorraaf bayeessa

Abdiisaan gudeelcha baatee

Miila moo sumat na dheessaa

Damma bookee natti taatee!



Gaaddiseen bishaan waraabdii

Tolaan gaangoon siribsiisaa

Dugdakee sireetti aansii

Garaa kee gubbaa nat ciisaa!

Gaaddisaan gabaatti baasee

Gurguruuf korbeessa hoolaa

Waaq jedhee waliin nu geenyaan

Torbee har'aa si faanan oolaa!

Har'i gabaa gudariitii

Tiifuun bari'eera waaqni

Jaala ofiin gargar fagaannaan

Nama hin boqochiisu yaadni!



Baadimmeen gabaa gannaatii

Bobeessuuf kaboota buufuu

Jaalli ofii michuu dhugaatii

Hammachuun kokkee wal suufuu!

Jaalannaan waliin baduudhaa

Yookaan garaan nama dhaantii

Jaalalleen ofii tokkoonshee

Namoota kumarra caaltii!

Daddafoon gabaatti siiqsee

Yaabbanneen farda shawaatii

Wal argaan waggaatti taanaan

Dubbiinshee hamma dhabaatii!



Dhoombiriin lagaa caraannaan
Aliyyii cirriit dhukaasee
Si arguuf guyyaa lakkaa'uun
Yaadaaf yaaddoo natti kaasee!

Naaf ergii kirrii mormaakee
Siin bitaa kudhaama waaqaa
Abjuudhaan hawween argaakee
Halkaniin balbala saaqa!

Shawaa xaafiin daraare
Wallaggaa buna hiruu
Keessa koo rabbit argaa
Sin jaaladha yaa tiruu!.



Sanbatni gabaa Ambootii

Gudar wixatarra oola

Jaalalli kee kan falaatii

Halkanii guyyaa na foola!

Finfinneen kan oromooti

Jimmi kan abbaa jifaari

Si malee akka hin qabne beektaa

Mee badii koottu na laali!

Hagayya, 2013



54. NI YAADATTAA LAATA?

Laga gaash Daroo buunee

Laga bishaan waraabaa

Margarra gangalachaa

Dhungannee wal arraabaa!

Ija keessaa wallaallee

Isa meelallee moognu

Dhihee yoo gargar gallu

Isa hifannee boonyu!

Qullaa keenyas wal-laalaa

kan waliin bishaan daakne

Kolfaa daran bohaaraa

Kan waliin dhoqqee laaqne!



Furii walii haxaawaa

Kan afaan wal dhungannu

Wal wajjin ooluuf jennee

Isa maatii dhokannu!

Barii wal arguuf jennee

Kan ciree dhiifnee baanu

Hammannee bashannanaa

Isa wajjiniin yaanu!

Sireerra waliin korree

Osuu seenaa dalagnuu

Maatii keenyaan argamnee

Isa waliin dhaanamnu!

2011, Haramayaa



55. NI BEEKTAA TARI?

Jaalala keet na dhamaasaa
Jechoota Keetan mirqana
Simboo keen waraanameetan
Suura kan kee shan ilaala!!

Hirriba keessan si waamaa
Manaaban na haasofsiiftaa
Qalbiin koosoo siif godaantee
Maaloo maalif natti dhiifta!!

Naaf Koottumee sin araadee
Si arguudhaaf jarjareeraa
Siif galaasuuf gumaatakee
Jaalalakoo bara dheeraa!!



56. BAREEDDUU FI BAREEDAA

Fokkisaaf amaluma

Yeroo hundaa nyaara guura

Bareedinni ilma namaa

Inni guddaan fuula!!

Halluun fuulaa ni darba

Kun hundinuu fixeensa

Bareedinni dubaraa

Inni guddaan rifeensa!!

Dhiirarraa gaaffii hin qabnu

Uumamumaan bareedaa

Garaa na nyaatu malee

Warri hin qabne areeda!



Osuman babarbaaduun

Amma iddoo sirrii dhaqee

Hidhaarraa gadhiisimee

Intalichoo harma kee

.... ecc

Kanallee dogoggoreen

Dubbii hin taane gad naqee!

Shamarree kolfa hin beekne

Kan nyaara guduunfitu

Jechaan #damsirii gubdee

Kan nama bobeessitu...

Dhiira areeda hin qabne

Wajjin dhaqaa walfuudhaa

Akka feetan walgodhaa

Kun dubbachuuf safuudha!!



57. DILBATA GAARII!

Yaa sanbata guddaa nanaa:-

Akkum nagaan bariite - guyyaa gaarii naaf ta'i

Yaa DV bara kanaa - Atimmoo mee naaf bahi!!



Ameerikaa dhaqetaan - Fataa zanaa shirshiraa

Lakkoofsa keessan ergaa - Gaafas siniin bilbilaa!

Dilbata gaarii qabaadhaa - Sagalee yaalii boodaa

Share hin goone taanaan - Rabbi siniinan ooda!!

Ifargan Gudetatin

Ebla 26 , 2011



58. DHAAMSA SIIF HAA TAATU

Hin qabnu jibba barnoota - Garaa dadhabnaan malee

Hin qabnu sodaa COC - Kunis nuuf salphaa turee!

Gaaffiin dhimma hawaasaati

Mirga lubbuun jiraachuu

Osuu sabni koo dhumuu

Hin dandeenye barachuu...

Ta'usmee....

Xaxuun shiraaf gidiraa - Qabdi icitii wayii

Exit exam nu qoruun - Gahumsa cimsuudhaayii?



Moo...

Dhoksuun hir'inasaanii - Laamshessuuf danuu barataa
Imaammata Seermalee - Kan baratet falmata!

Kanaaf...

Nuti BBB jenneerra - aantummaa sabaa qabna
Gaafas ofiin of bulchaa - Bilisimmaan baranna.
Sichi nan gaafatiinaa - Maa hin baranne jettanii
Exit exam sodaaf miti - Saba koof dhimmameeni.

Laaali...

Gaafannaan mirga kiyyaaf - Kan beeku sabni bal'aa
Deebiin rasaasa hin turree - Kaleessaa hanga har'aa?



Alagaan mana gallaan - Humni addaa sumaaalee
Sirni nam-nyaataa kunis - Wajjumaan nu waraane!
Yoomuu dhugaaf falnannaa - Hin qabnu sodaa jaraa
Kennaa eenyu didee didaa - Baachaa jirra waan baraa!

Sitti hin fakkaatiin yaa tiruu - Manaaba waarii cinaa
Danda'uuf yaalle malee - gaaffii baayyeetu jira!

Yeroo deeroof qeerransa - Adda baasantu gahee
Hin aariin nan ceepha'iin - Adaraa kee ya dahee!
Siif haa galtu maleessa - dubbiin lafaa fi sabaa
Yeroo barnootaaf kan biraa - Oromoon bal'aa qaba





Halkan saatii sagaliin

Ka'eetan hirribarra

Qubeen gadi jijjigse

aariin garaa qaburraa!

Hirribnis na dideetan - Maaltu na tuqee laataa

Yaadaan ol baasee buusaa - Taa'ee akka maraataa!

Gaafa yaadni koo guutee


Dhufte fooliin ifaaf bilisaa

Anis akkum warra kaaniin

Hirriba gaarii ciisa!

Yaadannoo:-

Walaloo kana bara 2010 yuunivarsiitii Haramayaattii barataa waggaa 2ffaa ta'ee, yeroo mooraa gadhiifnee baanen katabe.



Ammaaf asumarrattin xummure!

Yeroo dhiyootti Qimmiiddaan wal argina.

Gara fuulduraatti immoo kitaabolee danuun carraa wal arguu qabna. Waan hundaarra immoo haamileen keessan waan guddaa akka na dalagsiisu beekuun yaada keessaniin na utubaa!

- 0919778608

- ifargangudeta@gmail.com